

سُورَةُ الرَّوْمِ
Suuraa Ruum

*Dura dursoo suuran tun { suuraturruun }
je`amti

قبل كل شئ هذه هي سورة الروم

*Isiin suuraa makkaati

وهي مكية

* Aayaanni isi'ii jahaatama {60} takkaa
shantamii sagali {59}.

وآياتها ستون (٥٩ - ٦٠)

*Isiin eega suuraa {inshiqaaqii} buute

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbiitii, rabbii
rahgmata qabu

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} * {Alif, laam, miim} jecha kana rabbum-
aatu makгнаа isaa beekha.

الم

2} *Ummanni {mum} jeamu mooyame-
mum mangistii guddo'oo, tan gaafas cinaa

عَلِمَتِ الرَّوْمُ

addunya'aa harkaa qabdu, namni isaan mooye ummata {faaris} je'amu, isaan dawlaa yookaa mootummaa guddoo, cinaa addunya'aa harkaa qabdu, {ruum} warm kitaaba injiil qabu, {faaris} warm diin rabbiin buuse hin qabne, kan ibidda gabbaru, qoraan itti darbanii dhaamuu dhoowwanii, isaan warra akka warra makkatti, waan rabbi hin tayin gabbaru, haa tayuu isaan ibidda gabbera nii, warri makkaa dhaga'aafii sibiila gabbara, duuba hoggaa {faaris} warri kitaaba hin qabne, {ruum} warra kitaaba qabu injifatu .

*Dachii biyya arabatti as dhiyaattu keess-
atti sun bakka {ordun} je'amtuu, takkaa da-

فِي آدَى الْأَرْضِ

chii biyya faarisitti dhiyaattu keessatti, sun bakka {jaziiraa} je'amtuu, hoggaa san kuffaarri makkaa, gammade, wanni isaan mu'minaanje'an: {faaris} warri akka keenyaa kan ki taaba hin qabne {ruum} warra akka keessanitti kitaaba qabu, injifatee, nutis isin injifanna, orna islaamatiin je'an, orni islaamaa {ruum} injifa tuu jaalata, tanaaf rifatan, hoggaa san rabbiin aayata tana buusee akki j e'e:

3} *Orni {ruum} eega mooyamanii faaris
mooyatu'uuf taa'an .

وَهُمْ مِنْ بَعْدِ غَلَبِهِمْ سَيَغْلِبُونَ

*Hoggaa asirraa qabnee amanni, yookaa
barri torba, yookaa sagal dhume, dhuma isa-
ratti {mum} faaris mooti

فِي بَضْعِ سِنِينَ

*Gaafa {faaris} ruum moote,dura, dubbiin ta rabbiiti.

لِلَّهِ الْأَمْرُ مِنْ قَبْلُ

*Eega ruum faaris mootes dubbiin ta rabbiiti, wanni sun fedhii rabbiitin taate wanni fedhii rabbii malee tayuu hin jirtuu,

وَمِنْ بَعْدُ

4} *Guyyaa {ruum} faaris mooyattu ormi islaamaa asaabonni nabii ni gammada du-

وَيَوْمَئِذٍ يَفْرَحُ الْمُؤْمِنُونَ ﴿٤﴾

uba eega rabbiin akana je'ee barri sagal dabru,faarisiifii ruum walitti duulaniiti ,ruum faaris injifatte sun guyyaa lola badriitii ormi islaamatis kuffaara qureyshi'ii injifate, du uba jibriil dhufheeti nabi muhammaditti hime, nabi muhammad orma islaamatti odessee .akkasitti ormi islaamaa injifannaa lamaanin gammade, ruum,warri kitaabaa, faaris warra kitaaba hin qabne injifatu'uufii, orma islaamaa kan kitaaba qabu kuffaara makkaa,warra kitaaba hin qabne, injifatu'uun gammadan.

*Dirmachuu rabbiitin gargaarsa isaatin ,

يَنْصُرِ اللَّهُ

*Rabbiin abbaa fedhe, yookaa nama fedhe gargaaree moosisaa ,

يَنْصُرُ مَنْ يَشَاءُ

*Rabbiin kan waa hunda injifatuu,

وَهُوَ الْعَزِيزُ

5} *Kan mu'minaaf rahgmata godhu.

الرَّحِيمُ ﴿٥﴾

*Rabbiin akka isaan gargaaru akka isaanii tumsu, baallama isaanii seenee jiraa ,

وَعَدَّ اللَّهُ

*Rabbiin baallama isaa hin diiguu ni guutaa

لَا يَخْلِفُ اللَّهُ وَعْدَهُ،

6} *Haa tayuu irra hedduun namaa, isaan kuffaara makkaatii, akkas hin beekhan kuffaarri hundii akkasii .

وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٦﴾

*Ormi kuffaaraa jiruu addunyaaa tana gubbaa isiiiti beekhan malee, keessa isi`ii hin

يَعْلَمُونَ ظَهَرَ مِنَ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

beekhan, wanni isaan beekhan naggadaafii, waa jaaru'uufii, waa qotu'uufii, waa tolchu'uufii, akka ataa jiru'uuti beekhan,beekkomsii isaanii, hanguma isaanii mul'aturratti gabaabbataa ,keessa addunya'aa hin beekhan, sun addunyaan dildila aakh ira'atti, nama geessuu, dalagaa gaari'iin, sinqii isi'irraa fudhatanii, hin beekhan

7} *Isaan beekoomsa aakhiraarraa balla'aa .dagato' ,addunyaan tun dhumteeti aakhir-
a'atti dabarraa,qananii aakhira'aatitu tan ad-
dunya'arra caalaa ,hin beekhan, qananii
aakhira'aa argatu'uuf, hin dalagan, hin dhu-
go'oomsan .

وَهُمْ عَنِ الْآخِرَةِ هُمْ غَفْلُونَ ﴿٧﴾

*Si ormi rabbi moromu sun akka rabbiin
lubbuu isaanii itti uume,isaanii waa takka
hin je'amne,dhabamarraa isaan ar gamsiise,
laalanii hin amananii ?

أَلَمْ يَتَفَكَّرُوا فِي أَنفُسِهِمْ

* Akka rabbiin sami'iifii dachii,waan isaan
lamaan jidduu jiru,taphaaf hin uumin ,akka
haqaaf,hikma'aaf uume, Kan tolee jannata
kennee, kan bade qixaaxee, haqa mul'isu-
'uuf uume, beekhanii hin amananii?

مَا خَلَقَ اللَّهُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا إِلَّا بِالْحَقِّ

* Ammallee akka Rabbiin sarniifii dachii

وَأَجَلٍ مُّسَمًّى

waytii beekkamtuu godheefii uume, kan hoggaa waytiin sun dhumte,umriin
dachi'iifii sami'ii dhumtu hin beynee? sun guyyaa qiyaama' aatii Rabbiin waa
hundaafuu waytii, yookaa yaroo itti dhumu, kan achi bira hin dabarre godhee
jiraa .

*Irta hedduun namaa isaan kuffaaraa,

وَأِنَّ كَثِيرًا مِنَ النَّاسِ

8} *Eega du'anii qabri'ii kaafamanii, rabbi
isaanii arguu, hin amananii, hin dhugo'oo-
msanii ni moroman.

بِلِقَائِ رَبِّهِمْ لَكَفِرُونَ ﴿٨﴾

*Si ormi kuffaaraa sun, biyya lafaa keessa
hin deemanii? Araddaa ,yookaa ona warra
dur keessan yaa'anii?

أَلَمْ يَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ

* Akka bakka warri isaan duraa,kan rabbi-

فَيَنْظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ

tti kafare booda itti aane,akka isaan it ti dhuman arganii gorfamaniin akka
sababaan ummanni sun dhumeef, ergamoota rabbi kijibsiisuu isaanitii, bee-
khanii, nabiiyicha isaanii kijibsiisu'urraa dhaabbatan.

*Ummanni dhume sun,warra akkaan qaa-
mafii, hori'iifii, ilmaanin isaanirra jaba'aati
kan akka urnnata {kgaad} kan iram jeamu

كَانُوا أَشَدَّ مِنْهُمْ قُوَّةً

*Warra dachii gara galchee, facaase,

وَأَنَارُوا فِي الْأَرْضِ

*Warra addunyaa tana, isaan caalaa jaare,

وَعَمَرُوهَا أَكْثَرَ مِمَّا عَمَرُوهَا

*Kan ergamoonni isaanitti ergane, mukg-
izaa mul'attu'uun isanitti dhufanii islaamatti
isaan yaamanii, duuba qeebaluu didanii,
isaan kijibsiisan, hoggaa san isaan fin'e,

*Rabbiin dilii malee, orma san fixee, isaan
hin miine,

9} *Haa tayuu isaanumaatu, ergamoota ra-
bbii kijibsiisee , ifmiidhee dhuman .

*Duuba eega dhumani, boodden warra ha-
mtuu dalagee

*Ibidda jahannami,

*Sababaa isaan, aayata rabbiin ergamoota
isarratti buuse kijibsiisaniif jecha ,

10} *Isaan aayata rabbiiti xiqqeessuu turan.

*Rabbiin uumaa namaa, bishaan dhiiraa
dhala'arraa bayurraa jalqabe,

*Eega du'aniiyis, uumaa, namaa rabbiin ni
deebisa j iraachiseeti qabri'ii kaasa,

11} *Eegasii gara rabbiiti deebitan, gaafa-
tamu'uuf jecha

*Guyyaa qiyaaman dhaabbattu ,

*Ni cal'isa, waan himatu dhaba,

12} *Warri dilii dalage .

*Wanni isaan rabbitti qixxeessanii rabbi
achitti ibaadana, kan akka dhaga'aa, .kan ak-
ka namaa, jinni'ii, kan isaan shafa'u, yookaa
araara rabbirraa barbaaduf hin taane,

13} *Isaan waan rabbitti qindeessan san itti
kafaran, wanni isaan rabbitti qindee sanis
isaanitti kafarti nun gabbarre jettee, wal-
irraa citan .

*Guyyaa qiyaaman dhaabbattu ,

وَجَاءَتْهُمْ رُسُلُهُمْ بِالْبَيِّنَاتِ

فَمَا كَانَ اللَّهُ لِيَظْلِمَهُمْ

وَلَكِنْ كَانُوا أَنفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿٩﴾

ثُمَّ كَانَ عَاقِبَةَ الَّذِينَ أَسْتَوُوا

السُّوَى

أَنْ كَذَّبُوا بِآيَاتِ اللَّهِ

وَكَانُوا بِهَا يَسْتَهْزِئُونَ ﴿١٠﴾

اللَّهُ يَبْدَأُ الْخَلْقَ

ثُمَّ يُعِيدُهُ

ثُمَّ إِلَيْهِ تُرْجَعُونَ ﴿١١﴾

وَيَوْمَ نَقُومُ السَّاعَةَ

يَبْلِسُ

الْمُجْرِمُونَ ﴿١٢﴾

وَلَمْ يَكُنْ لَهُمْ مِنْ شُرَكَائِهِمْ شُفَعَاءُ

وَكَانُوا بِشُرَكَائِهِمْ كَافِرِينَ ﴿١٣﴾

وَيَوْمَ نَقُومُ السَّاعَةَ يُؤْمِدُ

14} *Warri amantii qabuufii kaafirri adda baya .

يَنْفَرُونَ ﴿١٤﴾

*Duuba warri rabbitti amanee waan gaarrii dalage ,

فَأَمَّا الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

*Isaan jannata seenaniiti ,

فَهُمْ فِي رَوْضَةٍ

15} *Waan fedhaniin gammadan, nyaatanii dhuganii, uffatanii, dhagayanii fuudhanii

يُحْبَرُونَ ﴿١٥﴾

*Ammoo warri rabbitti kafare qur'aana kijibiise,

وَأَمَّا الَّذِينَ كَفَرُوا وَكَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

*Kan guyyaa boruu qabri'ii kaafamanii, waan dalagan arguun hin jiru je'ee kijibiise,

وَلِقَائِي الْآخِرَةِ

16} *Isaan ibidda jahannamiifi, fidaman isa keessa zalaalamii taa'anii gubatan.

فَأُولَٰئِكَ فِي الْعَذَابِ مُخَضَّرُونَ ﴿١٦﴾

*Rabbii keessan waan isaan hin malle hundarraa qulqulleesaa, salaata salaata'aa

فَسُبْحَانَ اللَّهِ

*Hoggaa aduun dhiitee galgalli seene salaataa, salaanni hoggaa galgalli seenu salaatan, maghribaafii kgishaa'ii ,

حِينَ تُمْسُونَ

17} * Hoggaa bariyus salaata'aa rabbi qulqulleessaa, salaanni hoggaa bariyu salaatan, salaata subhgi'iiti

وَحِينَ تَصْبِحُونَ ﴿١٧﴾

*Sami'iifii dachii keessatti faarun ta rabbiiti, warri isaan lamaan keessa jiru isa faarsa jechuu,

وَلَهُ الْحَمْدُ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Hoggaa aduun gama dhi yaa jallattee, gaararra gad teesses salaata'aa rabbi qulqulleessaa, salaanni waytii san salaatan salaata kgasri'iiti ,

وَعَشِيًّا

18} *Waytii orra'aa hoggaa aduun walakkaa samiirraa gama dhiyaa jallattes salaata'aa rabbi ibaadaa, salaanni waytii san salaatan salaata zuhri'iiti .

وَحِينَ تَطْهَرُونَ ﴿١٨﴾

*Rabbiin waan jiraa waan duarraa uuma,

يُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَمَاتِ

yookaa baasa, akka nama, bishaan gadaameysa haadhaa seenee, dhiiga tay-
erraa uumu'uu, akka waan bararu killeedharraa uumu'uu. akka raammoo foon
du'arraa baasu'uu ,

*Rabbiin waan du'aa, waan jira'arraa baasa,
akka bishaan namni irraa dhalatu, nama ji-
ra'arraa baasu'uu, akka khillee duutuu waan
bararurraa baasu'uu,

وُخْرِجَ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ

*Rabbiin dachii goggoydee duute, rooba it-
ti roobsee jiraachisee, mayra keessaa baasa,
*Duuba akkuma wanni dubbanne waan
dubbanerraa baatutti ,

وَيُحْيِي الْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا

وَكَذَلِكَ

19} *Qabrii keessaa baafamtan jiraachifa-
mtanii guyyaa qiyaama'aa.

تُخْرِجُونَ ﴿١٩﴾

*Waan dandeytii rabbii nama garsiisurraa
tokko,

وَمِنَ آيَاتِهِ

*Abbaa keessan aadam biyyeerraa uumu',
takkaa isinumaa biyye'erraa uumu' , waan

أَنْ خَلَقَكُمْ مِنْ تُرَابٍ

uumu', waan bishaan namni irraa uumamu, nyaata biyye'erraa uumamerraa
dhufuuf, takkaa waan malaaykaan, biyyee qabrii, booda, namni itti awwaala-
murraa fuutee, bishaan inni irraa uumamutti makhtuuf,

*Duuba isin eega tarkaanfii heddu'uutii ,na-
ma guutuu foonifii dhiigafii lafee taye ,taa-
taniiti,

ثُمَّ إِذَا أَنْتُمْ بَشَرٌ

20} *Hajaa teessaniif olii gad yaatan, fa-
caatan,

تَنْشُرُونَ ﴿٢٠﴾

*Ammas ragaa dandeytii rabbirraa lubbu-

وَمِنَ آيَاتِهِ أَنْ خَلَقَ لَكُمْ مِنْ أَنْفُسِكُمْ أَزْوَاجًا

, lubburna teessanirraa beera keessan isinii uumuu, haadha teenya hawwaa ci-
naacha aadamirraa uumee, eegasii waan nama tayee hunda, bishaan dhiirafii
dhala'arraa bayurraa uumee, wanni rabbiin beera keessan isinumarraa isinii
uumef :

*Akka qalbiin teessan gara isiii jallattee
wal bartaniifii, silaa odoo beera keessan jin-

لَتَسْكُنُوا إِلَيْهَا

ni'irraa takkaa bineensarraa ,takkaa mukarraa isinii uumee,silaa wal hin fu-dhattan.walin bartan, tanaaf rabbiin hoggaa hawwaa cinaacha aadam,kan bit-a'aa, gabaaba'arraa, isaa rafu uumu,hoggaa dammaqee argu, qalbiin itti rarra-atee tuquu fedhe ,jaalatee, duuba malaaykan hanga mahrii isi'ii kennituu hin tuqin jetteen, jennaanin:mahriin isi'ii maali je'een? Jennaanin muhammadi-ratti salawaata, yookaa rahgmata buusu'uu jetteen .akkasitti rahgmata nabi muhammadirratti buusee, fuudhe ,

*Rabbiin badhaasa isarraa isiniifii beera

وَجَعَلَ بَيْنَكُمْ مَوَدَّةً وَرَحْمَةً

keessan jiddu'utti jaalalaafii rahgmata uumee jira. kan sababaa wal fuudhu-udhatiin wal jaalalaafii walii nayu'uufii,qalbiin walitti rarra'uun dhuftu, kan odoo wal hin fuudhin dura hin jirre, namni gariin {mawa ddaan} haqa jaarti'i-itin dhaabbatu'u {rahgmaan} ilmoo je'a, ibnu kgab baas akki je'u : {mawaddaan} jaarsi jaartii isaa jaalatu {rahgmaan} wa an hamtuu jaartii isaa tuyxu irraa eeguu, duuba yoo jaalalaafii, walii nayuun, dantaa walii eegun, haqa walii tiy-suun, wal duraafii wal boodattillee, jaarsafii jaartii jidduu hin jiraatin adda bay-u'uutu irra jira haa ta yuu wanni jaalalaafii, haqa walii eeguu jabbeessu, waa baratu' wanni waa balleessu wallaalaa jaarsaa jaartiin haqa walii baranii waan jaalala fidu malee haa dhiisanii ,

*Rabbiin biyye'erraa nama uumee, eegasii jaartii isaa qaama isarraa isaa uumee eeg-asii isaan lamaanirraa nama heddomeysee, jaarsaa jaartii jiddu'utti, jaalalaafii walii na-yuu uumuu, keessa

إِنَّ فِي ذَلِكَ

*Ragaa dandeytii rabbii garsiisitu jira ,

لآيَاتٍ

21} *Warra dubbii gad qabee laaluf, warra dalagaa rabbii laalee dandeytii isaa be-ekhuf.

لِقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٢١﴾

* Ammas waan dandeytii rabbii nu garsii-surraa tokko. samii torbaniifii dachii turban uumu,

وَمِنْ آيَاتِهِ خَلْقُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Ammallee afaan keessan adda adda tayuu , akka afaan arabaatifii afaan oromo'oo yo-okaa gaalla'aa,

وَأَخْلَافُ السِّنِّكُمْ

* Ammallee bifti teessan wal dhabuu odoo

وَالْوِزْنُ

ilmaan abbaa tokkoo taatanuu, sun mukgjizaa tokkummaa rabbiitii , kan nama bishaan tokkorraa uumame kan akka lakku'uu faa, afaan adda godhu, ka-numa waan biraa keessatti akkaan wal fakkaatan ,

22} *Waan san keessa gorsaatu warra aylii qabu.kan beekkomsa qabuuf jira ,warra gad qabee laaluf raga tokkummaa rabbiititu jira .

*Ammas mukgjizaa rabbirraa tokko hirriiba isin halkaniifii guyyaa hara baafatu'uuf raftan fedhii rabbiitin, odoo rabbiin hirriiba namarraa fuudhee namni fidatuu dandayu hin jiru ,

* Ammas aayata rabbirraa tokko, rizqii rabbii barbaadaf, olii gad deemuu keessani fedhii rabbiitin ,

23} *Waan san keessa gorsaatu, warra dubbii dhagayee qabatuuf jira.

* Ammas ragaa tokkummaa rabbirraa tokko , hangaasuu isin garsiisuu,

*Isinii bakhakka'aatu nutti bu'aa sodaatu, takkaa rooba sodaatu ,

*Ammallee isinii rooba kajeelu. Kan hoggaa diida deemtan kan rooba hin feene fii, hoggaa biyya jirtan kan rooba khajeeltan, hangaasuu isin garsiisu,

*Rabbiin sami'iidharraa bishaan buusa yookaa rooba roobsa,

*Duuba bishaan saniin, dachii goggoydee duute jiraachisee magarsiisa,

*Dachii duute jiraachisee akka magarsitu godhuu keessa,ragaa rabbiin warra du'e jiraachisee qabriidhaa kaasu'uutu jira,

24} *Warra ayli'iin laaluf.

* Ammas ragaa dandeytii rabbirraa .sami'ifii, dachiin ,utuba'aafii,dhifaa malee fidhii isaatin dhaabbatu,

*Eegasii gaafa rabbiin dachi'ii yookaa qabri'ii bayaa je'ee isin yaame, garrii lameysa'aa israafiil afuufee,

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِّلْعَالَمِينَ ﴿٢٢﴾

وَمِنَ آيَاتِهِ مَنَامُكُمْ بِاللَّيْلِ وَالنَّهَارِ

وَأَنبَاؤُكُمْ مِّن فَضْلِهِ ۚ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِّقَوْمٍ يَسْمَعُونَ ﴿٢٣﴾

وَمِنَ آيَاتِهِ يُرِيكُمُ الْبَرْقَ

خَوْفًا

وَطَمَعًا

وَيُنزِلُ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

فِيحْيِي بِهِ الْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا ۚ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ

لِّقَوْمٍ يَعْقِلُونَ ﴿٢٤﴾

وَمِنَ آيَاتِهِ أَن تَقُومَ السَّمَاءُ وَالْأَرْضُ بِأَمْرِهِ ۚ

ثُمَّ إِذَا دَعَاكُم دَعْوَةً مِّنَ الْأَرْضِ

25} *Hundi keessan daddaftaniiti qabri'ii baatan, gaafatamu'uu jecha .

إِذَا أَنْتُمْ تَخْرُجُونَ ﴿٢٥﴾

*Wanni sami'iifii dachii keessa jiru hundi ,waan rabbiiti qabeenyafii uuma'aafii, gabrummaalle'een.namni biraa tokko, kan keessa waa qabu hinjiru ,

وَلَهُ مَنْ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ ۚ

26} *Wanni hundi Rabbiif gad jetti, wanni dalagaa Raabbii,diduu dandayu hin jiru, namni akkatti nan uumin nan ajjeessin, dalagaa tanarraa, nan gaafatin, je'ee , dubbii rabbii didu hin jiru

كُلُّ لَّهُ قَانُونٍ ﴿٢٦﴾

*Rabbiin isa kan uumaa namaa jalqabee,

وَهُوَ الَّذِي يَبْدَأُ الْخَلْقَ

*Eega dhumani,uumee deebisu,

ثُمَّ يَعِيدُهُ ۚ

*Nama dhume deebisu'uutu isaa hin jirre lafaa kaasee uumu'urra isarratti laafa , akka namni yaadutti,ammoo rabbi biratti jalqabee uumu'uufii, deebisee uumun, wal qixaa, duuba maalif Rabbiitu jalqabee uumaa ,dhugo'oomsitanii, deebisee uumuu dhugo'oomsuu diddan? rabbi in jalqabu'uufii deebisuu tayi, jecha'aan taasisaa ,

وَهُوَ أَهْوَنُ عَلَيْهِ ۚ

*Sifti ol aantun, namni biraa isii keessatti isa hin fakkaanne,ittin dhiyaanne ,guddinaafii irree keessatti,

وَلَهُ الْمَثَلُ الْأَعْلَىٰ

*Sami'iifi dachii keessatti,ta Rabbiitti sifti sun Rabbii tokkicha, waan guutuu hundaan wassafamee ,beekkamee, waan ir'uu taye hundarraa qulqullaaye malee, rabbiin biraa hin jim jechu'uu,

فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ ۚ

*Rabbiin jabaa waa hunda injifatu, kan nam tokko isa dura dhaabbatuu hin dandeenye,

وَهُوَ الْعَزِيزُ

27} *Kan hikmaa qabu kan dalagaan isaa bareeddu.

الْحَكِيمُ ﴿٢٧﴾

*Isin yaa warra Rabbitti waa qixxeessu , rabbi in fakkeessaa dubbi'ii,lubbuma tees-sanirraa fuudhee, isinii dubbatee, dhagayaa fakkeessan hunoo akkana

ضَرَبَ لَكُمْ مَثَلًا مِّنْ أَنْفُسِكُمْ ۚ

*Mee gabroota keessanirraa ,namni waan nuti isinii kennine, isiniin wajji qabu, horii tayuu, waan biraa tayuu

هَلْ لَكُمْ مِنْ مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُكُمْ مِنْ شُرَكَاءَ فِي مَا رَزَقْنَاكُمْ

*Kan waan san keessatti isiniifii isaan qixxe'ee,

فَأَنْتُمْ فِيهِ سَوَاءٌ

*Kan gabroota keessan san hoggaa horii keessan dalaga'uu kaatan, akka lubbuu teessan yookaa nama bilisaa sod

تَخَافُونَهُمْ كَخِيفَتِكُمْ أَنْفُسَكُمْ

attanitti sodaattanjiraa? hinjiru jechu', namni gabrichi isaa, isatti qixxaa yee, waan inni qabu wajjin qabu, kan isa duubaa, waan isaa dalaguu so daatu, wahi jira ? Hin jiru, duuba isinuu namni akka keessanii, kan rabbiin akkuma isin uumetti uume,maqumaatu gabraa malee, waan nuti isinii ke nnine keessatti ifitti isaan qindeessu, hin ehamtanii, akkamiin waan rab biin uume gabroota rabbi, nama, dhagaa,jinni, muka, aduu, faa waan rabbiin uumee qabu isatti qindeessitanii, waan san gabbartan, akka rabbiin gabbaramutti,

*Akkasitti aayata adda babaafnee finne

كَذَلِكَ نَقُصُّ الْأَيَّاتِ

28} *Warra aylii qabuuf, namni kuun bu'aa irraa hin argatuu, nama aylii qabuutu waan rabbiin uumefii, waan rabbiin je'uun go-rfama.

لِقَوْمٍ يَعْقِلُونَ ﴿٢٨﴾

*Haa tayuu warri rabbitti waan inni uume qixxeessu jaalala lubbuu isaanii jala deeman itti ,akkas dalagan,

بَلِ اتَّبَعَ الَّذِينَ ظَلَمُوا أَهْوَاءَهُمْ

*Kan beekkomsatti hin irkatin ragaan Qaban jechuu

بِغَيْرِ عِلْمٍ

*Eenyu namni nama rabbiin jallise qajeelchu? Namni qajeelchu hin j iru jechu'

فَمَنْ يَهْدِي مَنْ أَضَلَّ اللَّهُ

29 } *Nama isaanii dirnatee, qixaaxa rabbi jalaa isaan baasu hin qaban .

وَمَا لَهُمْ مِنْ نَاصِرِينَ ﴿٢٩﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, diin rabbi keetii qulqulleessii,mirqaanan itti gara galii, dalagi, siifii ummanni kee,

فَأَقْرَعُوا وَجْهَكَ لِلدِّينِ

*Diin kijibaa hundarraa gara diinaa islaamaa garadiin dhuga'aa jalladhuu,

حَنِيفًا

*Diin islaamaa kan qabadhu siin jenne waan rabbiin nama irratti uume , namni hundi

فَطَرَتَ اللَّهُ الَّتِي فَطَرَ النَّاسَ عَلَيْهَا

isaa islaamati dhalata ,ab ba'aafii haadhatu kiristaana godhee takkaa yahuudaa godhee jallisa malee, joollen kuffaaraa, tan odoo hin saalfatin duute, warra jan-

nataati, tan eega saalfattee, kufrii filatte, kaafira. tan islaamaa filatte, rabbiin tokko , nabi muhammad ergaa isaa, kan boodatii yaadde islaamummaa isaaniratti hafuun beekkame

*Islaamni waan rabbiin iratti namaa hunda uumee uuman rabbii hin jirjiiramtuu hin jirjiirinaa, ilmaan keessan yahuudaa, yookaa kiristaana godhuudhaa, bishaan itti faffacaasu'uun, takkaa waan biraatin

لَا يُدِيلُ لِخَلْقِ اللَّهِ

*Diin qajeelan, kan rabbiin irratti nama uume sani diinaa islaamati diinaa tokkummaa rabbii yaadu'uuti,

ذَلِكَ الَّذِي أَلَمَّ

30} *Haa tayuu irra hedduun namaa akkas hin beekhanii, diin islaamaa hin qabatan, ammoo isin diin islaamaa jabaadha'aa qabadha .

وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٠﴾

*Isinii gara rabbii keessanii deebi'u,

مُنِيبِينَ إِلَيْهِ

*Rabbii keessan sodaadhaa

وَأَتَقَوْهُ

*Salaata shanan salaataa,

وَأَقِيمُوا الصَّلَاةَ

31} *Warra rabbitti waa qindeessurraa hin tayinaa .

وَلَا تَكُونُوا مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿٣١﴾

*Warra diin isaanii adda babaase, waan rabbii achitti gabbaran keessatti wal dhabanii ,kuun kgiisaa ibaadee, kuun aduu ,kuun muka

مِنَ الَّذِينَ فَرَّقُوا بَيْنَهُمْ

*Tuuta adda addaa hedduu tayanii ,

وَكَانُوا شِعَابًا

*Tuutti isaanii hundi ,

كُلِّ حِزْبٍ

*Waan isaan qaban, kan ifii yaadaniin ,

بِمَا لَدَيْهِمْ

32} *Gammadan.

فَرِحُونَ ﴿٣٢﴾

*Ilmaan namaa hoggaa dararaan tuyxe takkaa balaan itti buutee rakkatanii akka tayan dhaban,

وَإِذَا مَسَّ النَّاسَ ضُرٌّ

*Rabbii isaanii yaammatan

دَعْوَاهُمْ

*Gara isaa deebi'anii, waan biraa dhiisan,

مُنِيبِينَ إِلَيْهِ

*Ammoo eega balaa isaanirraa deernisee,
rahgmata isaanii godhee, waan barbaadan
isaanii kennee, dhandhamsiise,

ثُمَّ إِذَا أَذَقَهُمْ مِنْهُ رَحْمَةً

*Jara sanirraa tuutti gariin ,

إِذَا فَرِحُوا مِنْهُمْ

33} *Rabbii isaanitti waan biraa qixxeessan

بِرَبِّهِمْ يُشْرِكُونَ ﴿٣٣﴾

*Jarri sun .waan nuti kennineefitti haa kaf-

لِيَكْفُرُوا بِمَا ءَانَيْنَاهُمْ

aruu ,rizqii teenya nyaatanii waan biraa haa ibaadanii, yookaa gabbaranii, takkaa makgnaan isaa waan nuti isaanii kenninetti kafaru'uu jecha yookaa moromu'uuf rabbitti waa qixxeessan ,

*Waan nuti isinii kennineen qanani'aa, nutti kafaraa,

فَتَمَتَّعُوا

34} *Waan nuti isin goonu, beekhuuuf jiraattanii niggmata keenyan qananiitanii nuti kafaruu kana, booddee isaa, waan inni isinitti tayu'uu jiraatu, argu'uuf teessan.

فَسَوْفَ تَعْلَمُونَ ﴿٣٤﴾

*Si nuti sulxaanaf isaanirratti buufnee {sulxaana} jechuun: {kitaaba yookaa {ragaa} mul'ataa, waa rabbitti qindeessuu isaanii kanarratti ragaa buufnefii,

أَمْ أَنْزَلْنَا عَلَيْهِمْ سُلْطَانًا

*Kan kitaabni sun dubbatu, isaanii himu,

فَهُوَ يَتَكَلَّمُ

35} *Sababaa isaan waan Rabbitti qixxeessan san Rabbitti qixxeessaniif. ...? nuti kitaaba akkas isaanin je'uu isaanirratti hin buufne.

بِمَا كَانُوا بِهِ يُشْرِكُونَ ﴿٣٥﴾

*Ilmaan namaa hoggaa rahgmata isaan dhamdhamsiifne ,hoggaa quufsine, addunya itti bal'ifnee, fayyaa, ilmaan, kennineefii,

وَإِذَا أَذَقْنَا النَّاسَ رَحْمَةً

*Waan nuti isaanii kennine saniin gammadan gammachuu qooqinsaa, tan isi'iin dhaaddatu'uu gammachuu galata rabbiif galchu'uutii mitii ,

فَرِحُوا بِهَا

* Ammoo yoo balaan isaan tuyxe, hiyyummaan, dhukkubni, rakkoon,

وَإِنْ نَصَبْنَاهُمْ سِنِينَ

*Sababaa isaan dilii yookaa cubbuu dalag-
aniif, diliin waan gaarii namarraa deebiftii.

بِمَا قَدَّمْتُمْ أَيْدِيهِمْ

36} *Isaan rahgmata Rabbirraa garaa mur-

إِذَا هُمْ يَقْنَطُونَ ﴿٣٦﴾

atan furmaata yookaa farajaa , rabbiin, nuun erguu yaadan.rabbitti garaa ham-
maatan, ammoo haalli mu'minaa yoo argate nama isaaf kenne, waaqa isaatif
galata galcha, yoo dhabe, rabbiitu naaf kenna kajeela.

*Si isaan, akka rabbiin nama fedheef rizqii
bal'isu hin beynee, akka inni tayu laalu'uuf
jecha,

أَوَلَمْ يَرَوْا أَنَّ اللَّهَ يَبْسُطُ الرِّزْقَ لِمَنْ يَشَاءُ

*Ammallee akka Rabbiin abbaa fedhetti
rizqii dhiphisu, hin beynee? isa mokkoru'uu
jecha, ni obsamoo hin obsuu laalu'uujecha,

وَيَقْدِرُ

37} *Waan dubbanne san keessa milikkata
dandeytii rabbiititu jira, warra dubbii rabbi
dhugo'oomsuf .

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٣٧﴾

* Aanaa keetif haqa isaa kenni waan isaan
itti haajaman isaanii kennu 'uun isaan ma-
xxanfatu'uun

فَاتِ ذَا الْقُرْنَيْنِ حَقَّهُ.

*Nama waan qabneefis, haqa isaa kennii
,haajamaa haajaa baase

وَالْمَسْكِينِ

*Ilma kara 'aatis gargaari, nama ilmaltu'uu
kan sinqiin yookaa galaan harkaa dhume,
waan biyya isatti isa galchu, kenniifii gar-
gaara

وَأَبْنِ السَّبِيلِ

*Sun waan, warra dalagaa gaariin, fuula
Rabbii dhaabbatuu barbaaduf, irra caalu.

ذَلِكَ خَيْرٌ لِّلَّذِينَ يُرِيدُونَ وَجْهَ اللَّهِ

38} *Isaan warra milkaaye .

وَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿٣٨﴾

*Horiin guddifatu`uuf isin kennitan .

وَمَا يَتَّبِعُ مِنْ رَبِّا

*Horii namaa keessatti heddomeyfatu'uuf
jecha.

لِيَرْبُوا فِي أَمْوَالِ النَّاسِ

*Rabbi biratti isinii hin idaamu akkana je-

فَلَا يَرْبُوا عِنْدَ اللَّهِ

chuun namicha kenneef Rabbi biratti sawaaba hin qabu jechu fakeessa`aaf
yoo horii qaraxa{ kaaloo } namaa dhooytee ,gaafkee idaae qaraxa sii galchuu
barbaadde,kenna teeta duraa sanirratti sawaaba hin ar gattu yon waan xiqq-
uuun nama gargartee, inninis horii guddaaan si ga rgaaruu irraa eeggatte akka
nama waan qabne ka dureessaa qaraxa dhayuutii Rabbi biratti namni kenne

kun sawaaba hin argatu haa tayuu haraamii miti inni kun liqiiin adda yoo qar-shii takka namaa liqeessitee ,lama naa galchi jetteen, sun ni dhoowwama .yon jooniyaa takka kenniteejooniyaa sanii Ol, idaii naa galchi ,jetteenis akkasii haraami .

*Sadaqaan isin kennattan xiqqaattuu gu-battuu,

وَمَا أُنْتُمْ مِنْ ذَكَوَةٍ

*Fuula Rabbii barbaadaf jaalala Rabbii barbaadu'uuf .

تُرِيدُونَ وَجْهَ اللَّهِ

39} *Warri sawaaba dachaa argatu isaani rabbii isaanii biratti .

فَأُولَئِكَ هُمُ الْمُضْعِفُونَ ﴿٣٩﴾

*Rabbiin keessan, kan isin uume,kan eeg-asii isin razaqe .

اللَّهُ الَّذِي خَلَقَكُمْ ثُمَّ رَزَقَكُمْ

*Kan hoggaa umriin teessan dhumte isin ajjeesu,

ثُمَّ يُمِيتُكُمْ

*Kan qiyaamaa is in jiraachisee, qabri'ii isin kaasu,

ثُمَّ يُحْيِيكُمْ

*Mee waan isin rabbitti qixxeessitanirraa, namni waan sanirraa waa dalagu, jiraa? Hin jiru jechu' ,

هَلْ مِنْ شُرَكَائِكُمْ مَن يَفْعَلُ مِنْ ذَلِكُمْ مِّنْ شَيْءٍ

40} *Rabbiin waan kuffaarri isatti qinde-essurraa qulqullaaye .

سُبْحٰنَهُۥ وَتَعَالٰى عَمَّا يُشْرِكُوْنَ ﴿٤٠﴾

*Balaan rakkoon, biyyee lafaatifii, bahara

ظَهَرَ الْفَسَادُ فِي الْبَرِّ وَالْبَحْرِ

isi'ii keessatti mul'atte, biyye'erraa , roobni xiqqaatee ,mayri xiqqaatu'uun gu-batuun, baharri nama nyaatuun,mar kabaan dhabamuu, bish aanifii dachii wal geessee jirti,takkaa {barril jechuun : gammoojji' , {ba harri} : mandara bisha-anifii laggeenirraa qubatu,balaan gammoojji'I ,yo okaa barahaa keessatti mul-'atte, roobni dhabamee, mayri xiqqaatu', balaan bahara keessatti, yookaa bad-daa biyya bishaanii keessatti mul'atte bishaan isi'ii xiqqaatuu ,

*Sababaa dilii harki namaa dalagee balaan

بِمَا كَسَبَتْ أَيْدِي النَّاسِ

barriifii baharitti buute takkaa badiin isaan keessatti mul'atte . namni dura dursoo dachi'irratti cubbuu dalage,ilmaan namarraa ilma aadam {qaabiil} kan obboleessa isaa {haabiiI} ajjeese, ammoo namni dura dursoo bahara keessatti cubbuu dalage, akka je'anitti mooticha tokko, kan safiinaa bahara keessa deemtu, tan nagaya qabdu hunda fudhatu, kan zamana nabi muusa'aa jiru, wanni rabbiin sababaa dili'iitin balaa namatti buusef:

*Qixaaxa garii, dilii yookaa cubbuu isa an dalaganii, isaan dhandhamsiisu'uuf ,

لِيَذِيبَهُمْ بَعْضَ الَّذِي عَمِلُوا

41} *Akka sababaa saniin, cubbuu isaan-irraa deebi'aniif.

لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٤١﴾

*Wanni kuffaaraa rabbitti waa qindeessee dachii balleessen jettu: mee biyyoota lafaa keessa deema'aa ,

قُلْ سِيرُوا فِي الْأَرْضِ

* Akka boodden warra isin dura dabree , kan rabbitti balleessee taate laalaa, ona isaniti gartanii ,

فَانظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الَّذِينَ مِنْ قَبْلُ

42} *Irra hedduun isaanii warra rabbitti waa qindeessu tayuu turan , tanaaf lafa rraa isaan fine, isinis yon deebi'uu baattan isin fin'a

كَانَ أَكْثَرُهُمْ مُشْرِكِينَ ﴿٤٢﴾

*Fuula kee gara diin qajeela'aa gara galchi, diin qajeelan islaamaa

فَأَقِمْ وَجْهَكَ لِلدِّينِ الْقَدِيمِ

*Odoo guyyaan tokko Rabbirraa hin dhu-

مِنْ قَبْلِ أَنْ يَأْتِيَ يَوْمَ لَا مَرَدَّ لَهُ مِنَ اللَّهِ

fne, kan namni guyyaa san dhufu'urraa dhoowwu dandayu hin jirre ,sun guyyaa qiyaarna'aatii odoo inni hin dhufne islaama qabadhaa, akka isinirraa qeebalamu, ammoo eega guyyaan sun dhufee, amanuun hin fayyadu, towballeen hin qeebalamtu

43} *Guyyaa qiyaama'aa namni eega gaafatamee adda baya.mu'ninni gara jannataati yaa'aa, kaafirri gara ibiddaati yaa'a

يَوْمَ يَصْدَعُونَ ﴿٤٣﴾

*Namni rabbii isaa morome, ifumatti balleesse, balaan kufrii isaa isumatti deebiti,

مَنْ كَفَرَ فَعَلَيْهِ كُفْرُهُ

*Namni amanee, waan gaarii rabbiin itti ajaje dalage

وَمَنْ عَمِلَ صَالِحًا

44} *Ifumaaf, afaa jannataa mana jannataa keessa afatan dalagaa isaanii saniin jannata argatan, gaafa kuffaarri gara aza abaa yaa'u isaan gara jannataati yaa'an .

فَلَا أَنْفُسَهُمْ يَمْهَدُونَ ﴿٤٤﴾

*Wanni rabbiin guyyaa qiyaamaa addaan

لِيَجْزِيَ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ مِنْ فَضْلِهِ

nama baasuf, akka warra amanee, waan gaarii dalageef, jannata arjummaa isatin baallama isaanii seene, isaanii kennuufi, sawaaba dalagaa isaanii dacha godhee, dalagaa takkitti sawaaba isi'ii kudhanirraa, hanga dhibba torbatti isaanii guddisee, tola isatin .. ammoo orma rabbitti amanuu dide, azaaba ibiddaa seensisee xiqqeessu'uuf qixaaxu'uufi.

45} *Rabbiin nama isa moromu hin jaal-
atuu, nt qlxaaxaa

إِنَّهُ لَا يُحِبُّ الْكَافِرِينَ ﴿٤٥﴾

*Milikkata dandaytii rabbirraa, qilleensa
roobni dhufu'uun isin gammachiisu ergu'

وَمِنْ آيَاتِهِ أَنْ يُرْسِلَ الرِّيحَ مُبَشِّرَاتٍ

* Akka rooba isin dhandhamsiisee .yookaa
roobsee ,dachii jiraachisee ,isin quubsuf,
qilleensa rooba oofu saniin,

وَلِيَذِيقَكُمْ مِنْ رَحْمَتِهِ

*Ammallee akka qilleensa saniin safiinan
deemtuf,

وَلِتَجْرِيَ الْفُلُكُ

*Fedhii rabbiitin,

بِأَمْرِهِ

* Akka naggadaan,rizqii rabbi ,bahara ke-
essa deemtanii, barbaaddattaniif, qilleensa
saniin,

وَلِتَبْتَغُوا مِنْ فَضْلِهِ

46} * Akka ammallee rabbiif , waan isinii
kennerratti galata galachitaniif.

وَلَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٤٦﴾

*Dhugumaan yaa ergamaa kiyya Muha-
mmad si dura ergamoota keenya hedduu
erginee jirra ,

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ رَسُولًا

*Ummata isaanitti erginee mukgjizaadhan
isaanitti dhufan, tan akka isaan ergamoota
kiyya tayan isaan garsiiftu,duuba ummanni
isaanii isaan kijibsiisanii, kafarraan,

إِلَى قَوْمِهِمْ فَأَخَذُوا بِالْبَيْنَاتِ

*Duuba warra ergamoota keenya kijibsiis-
erraa biiluu baanee, balleessine,

فَانْقَمَمْنَا مِنَ الَّذِينَ أَجْرَمُوا

47} *Warra nutti amaneeff dirmatun, xilaata
isaanii dhabarnsiisun, balaa tsaann jalaa
warra amane nagaya baasun, haqa keenyaa.

وَكَانَ حَقًّا عَلَيْنَا نَصْرُ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٤٧﴾

*Rabbiin kan qilleensa ergu , yookaa kaasu

اللَّهُ الَّذِي يُرْسِلُ الرِّيحَ

*Duuba qilleensi sun duumessa kaasee
oofu

فَتُفِيرُ سَحَابًا

*Duuba samii keessa duumessa san fac-
aasa,

فَيَبْسُطُهُ فِي السَّمَاءِ

* Akka fedhutti,hogiin xiqqaa, hogiin gu-
ddaa, takkaa hedduu godhee ,

كَيْفَ يَشَاءُ

*Eegasii duumessa san muraa mura'atti
adda babaasa ,

وَيَجْعَلُهُ كَسَفًا

*Duuba wanni ati gartu, rooba qaawa duumeysaa, kan akka gingilcha'aa keessan gad babayu,

فَرَرَى الْوَدْقَ يَخْرُجُ مِنْ خَلِيلِهِ

*Duuba hogga Rabbiin rooba saniin, nama fedhe gabroottan isarraa tuqe yookaa obaase

فَإِذَا أَصَابَ بِهِ مِنْ يَسَاءٍ مِنْ عِبَادِهِ

48} *Warri roobni sun gaye sun ni gammada, rooba saniin gammadan.

إِذَا هُمْ يَسْتَبْشِرُونَ ﴿٤٨﴾

*Odo jarri sun, odo roobni sun hin roobiniif dura,

وَإِنْ كَانُوا مِنْ قَبْلِ أَنْ يُنْزَلَ عَلَيْهِمْ مِنَ قَبْلِهِ

49} *Kan roobarraa gara muratanillee tayanii, nuun roobuu yaadanii

لَمُبْلِسِينَ ﴿٤٩﴾

*Mee faana rahmata Rabbii faana rooba isaa laali . eega roobni lafa gayee dachiin gurraachomtee, mukni midhaan dhalee.

فَأَنْظُرْ إِلَى آثَارِ رَحْمَةِ اللَّهِ

* Akka itti,dachii goggoydee duute jiraachisu.

كَيْفَ يَحْيِي الْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا

*Duuba Rabbiin akkasitti dachii duute jiraachise , .

إِنَّ ذَلِكَ

*Warra du'ee qabriijiru, ni jiraajisa,

لَمُحْيِي الْمَوْتَى

50} *Rabbiin kan waa hunda dandeyu , dandeytin isaa guddoo likkiin qabne .

وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٥٠﴾

*Yoo warra Roobni roobefii midhaan mayreefii ,gammada sanitti, qilleensa {amadaaya } yookaa qabbanaayaa midhaan miidhu erginee .

وَلَيْنَ أَرْسَلْنَا رِيحًا

*Duuba midhaan yookaa mayra qilleensi dhayee, daalachoomse argan,

فَرَأَوْهُ مُصْفَرًّا

*ni tayan .

لَظَلُّوا

*Eega midhaan , amadeyni dhayee , daalachoomee

مِنْ بَعْدِهِ

51} *Warra Rabbitti kafaru tayan warra dhaasa, Rabbirra hin argatanii kan amma

يَكْفُرُونَ ﴿٥١﴾

eegullee rahmata,Rabbirraa argatu'uu hin teenyeti tayan .kun haala warra Rabbini beynetii.haalli isaanii yoo qananii Rabbirraa argatan gammadaniiti qooqan . yoo dhab an hin obsanii ni kafaran . ammoo haalli murninaa yoo qananii Rabb irraa argate. galata galchaaf. yoo dhabe obseeti rahmata Rabbii eeggata .

Rabbiin wanni gabroota isatti balisuuf , akka galata isaaf galchan laalu`uuf wanni isaanitti dhiphisuuf, akka obsanii gorfaman laalu'uufi duuba mu'minni ni gorfam aanii , kaafirri ni jallataanii hin gorfamuun tanaaf Rabbiin kuffaara nama duetti ammallee nama duudaatti fakkeessee akki jee .

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ati, warra qalbiin isaanii duute, kuffaara gorsa dhageessisuu hin dandeessu,

فَإِنَّكَ لَا تَسْمَعُ الْمَوْتَى

*Akkasuma nama duudaa lallabbii hin dhageesiftu,namni duudan si biraa deemee fagaate, yaaminsa kee hin dhagayu ,

وَلَا تَسْمَعُ الضَّمَّةَ الدُّعَاءَ

52}*Akkasuma warra rabbi morornu, kanneen haqarraa gara galan, gorsa kee dhageessisuu hin dandeessu . ,

إِذَا وَلَوْ أُمَّدِيرِينَ ﴿٥٢﴾

*Akkasuma warra qalbiin isaanii balla'aa gorsitee jallinarraa isaan deebisuu hin dandeessu ,

وَمَا أَنْتَ بِهَادٍ الْعَمَىٰ عَنْ ضَلَالَتِهِمْ

*Ati gorsa kee ,dhageessiftee ,qajeelchuu hin dandeessu,

إِنْ تُسْمَعُ

*Nama qur'aana keenya dhugo'oomsu yoo taate malee,

إِلَّا مَنْ يُؤْمِنُ بِآيَاتِنَا

53}*Warri arnane warra dubbii tee dhaga-

فَهُمْ مُّسْلِمُونَ ﴿٥٣﴾

yee jala deemee qajeelu,warra waan rabbiin dalaguun, gorfamu, kanneen haqqa jalaan mayn'e,isaan warra towhgiidatii, warra tokkummaa waaqa yaadu .

*Rabbiin keessan isa laafinarraa isin uume , bishaan furrii fakkaaturraa.

﴿٥٤﴾ اللَّهُ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ ضَعْفٍ

*Kan eega laafinaatii eega joollumma'aatii,

ثُمَّ جَعَلَ مِنْ بَعْدِ ضَعْفٍ

*Humna isinii fidee,dardara isin godhe,

فُوَّةٍ

*Kan eega jabeenyatii, eega dardarumma'aatii,

ثُمَّ جَعَلَ مِنْ بَعْدِ فُوَّةٍ

*Laafina yookaa dulluma fidu ,

ضَعْفًا

* Ammallee arrii fidu, arriin irra hedduu

وَشَيْبَةً

bara afurtamii sadiyiui eegalti, laafinni eega shantamaatii hangajahaat amii sadi jiddu'utti eegalama, eegasii dullumaatu dhufa, achirraa laafinni ayli'ii ida'ama , yoo nama rabbii taate malee, isaan, dhawaatumaan, ayli in ida'amtiifii hin totorra'an,

*Rabbiin waan fedhe uuma laafinaafii jabeenyarraa dardarumma'aafii dullumarraa ,
diiminaafii guraachominarraa

يَخْلُقُ مَا يَشَاءُ^ط

*Rabbiin kan taligaa waan uumee beekhu,

وَهُوَ الْعَلِيمُ

54} *Kan waan fedhe hunda dandayuu, wanni isa dadhabsiisu hin j irtu .

الْقَدِيرُ ﴿٥٤﴾

*Guyaa qiyaaman dhaabbattu ,

وَيَوْمَ تَقُومُ السَّاعَةُ

*Warri rabbi moromu ni khakhata,

يُقَسِّمُ الْمَجْرُمُونَ

*Saa'aa takka malee qabrii yookaa addunyaa keessa hin tcenye je'anii.duuba rabbiin akki je'e:

مَا لِيَشُوا غَيْرَ سَاعَةٍ^ع

* Akka amma dhuga'aan maqaa kanatti

كَذَلِكَ

55} * Addunya'arratti haqarraa maqanii itti amanuu didan .

كَانُوا يُؤْفَكُونَ ﴿٥٥﴾

*Isaan ssa`aa takka maleeqabrii keessa yookaa addunyaa keessa hin teeny jennaan, warri beekkomsaafii iimaana qabu, kan akka ulamaa'iidhaa kan akka malaayka'aa, mu'rminaa, akki isaanin je'e :

وَقَالَ الَّذِينَ أَتَوْا آلَ الْعِلْمِ وَالْإِيمَانَ

*Ni kijibdan malce, yaroo Rabbiin addunya'arra teessan, takkaa qabrii keessa teessan je'ee, katabee dabarse teessan,

لَقَدْ لَبِثْتُمْ فِي كِتَابِ اللَّهِ

*Hanga guyyaa kaafamtanitti teessanii,

إِلَى يَوْمِ الْبَعْثِ^ط

*Yaroon amma keessa jirtan guyyaa kaafamaati kan addunya`arratti dhugo`oomsuu diddan

فَهَذَا يَوْمُ الْبَعْثِ

56} *Haa tayuu isin guyyaa kun dhufuu hin beytan .

وَلِكَيْتَكُمُ كُنْتُمْ لَا تَعْلَمُونَ ﴿٥٦﴾

*Guyyaa qiyaama'aa,

فِيَوْمٍ

*Warra kafare hin fayyadu,

لَا يَنْفَعُ الَّذِينَ ظَلَمُوا

*Wallaalan sitti balleessinee nurran laalin jechuun isaanii uzriin isaan himatan irraan qeebalantu isaanii hin toltu

مَعَذِرَتُهُمْ

57} *Waan rabbiin jaalatu, deebi'anii dalaguun isaanirraan barbaadamu, isaan yoo barbaadan hin argatan

وَلَا هُمْ يَسْتَعْتَبُونَ ﴿٥٧﴾

*Qur'aana kana keessatti bayaansinee jirra waan namni itti haajamu hunda .gorsaafii maymaakhaa ,oduu warra dur ,hunda dubannee,ibsinee jirra, isaan qajeelchu'uu jecha

وَلَقَدْ صَرَبْنَا لِلنَّاسِ فِي هَذَا الْقُرْآنِ مِنْ كُلِّ مَثَلٍ

*Yoo orma kuffaratti aayata yookaa mukgjizaa akka mukgjizaa, harkaafii ulee muusa'aatin dhuftee argan,

وَلَيْنِ جِثَّتْهُمْ ثَيَابُهُمْ

*Warri rabbitti kafare ni je'a

لَيَقُولَنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

58} *Isin warri islaama {Muhammadiifii ashaabonni isaa waan surriin seennen deemtan} falfalaan nu daydani nutti kijibu'uu deemtan, je'an .

إِنْ أَنْتُمْ إِلَّا مَبْطُلُونَ ﴿٥٨﴾

*Akka qalbii jara sanii haqa argu'urraa daboole, cufe,

كَذَلِكَ

59} *Rabbiin qalbiin warra kafaree, kan haqa rabbii hin beynee hunda cufa .warra haqarraa if guddisu hunda hayn'i hin galuuf, hin mulatuufii .

يَطْبَعُ اللَّهُ عَلَى قُلُوبِ الَّذِينَ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٥٩﴾

*Eega rabbiitu, qalbii isaanii cufee, hin amananii beyte, obsi,

فَأَصْبِرْ

*Baallamni rabbii haqaa si gargaaree diin kee mul'isee, kuffaararra si aansaa obsi

إِنَّ وَعْدَ اللَّهِ حَقٌّ

*Si jarjarsiisuu, akkan obsine si godhuu sirran barbaadin ,

وَلَا يَسْتَخَفُّنَاكَ

60} *Warri rabbitti hin amanne kan guyyaa qiyaamaattin amanne. isaan kun si kijibiisun si yaachisee sabrii dhabu'utti sin kaasinii obsi

الَّذِينَ لَا يُوقِنُونَ ﴿٦٠﴾